

Waggaa 33^{maa}..... Lak.3/2017
 33^ኛ ዓመት.....ቁጥር.....3/2017
 33thyear No.3/2024



Finfinnee.....Adoolessa 15 Bara 2016
 ፌንፊኔ፣.....ሐምሌ 15 ቀን 2016 ዓ.ም
 Finfine.....July 22, 2024

MAGALATA OROMIYAA

መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ

MEGELETA OROMIA

<p>Gatiin Tokkoo Qarshii 50 የአንድ ዋጋ ብር 50 Unit Price Birr 50</p>	<p>To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ</p>	<p>Lak. S. Poostaa 21383-1000 የፖ.ሣ.ቁጥር21383-1000 P.O.Box 21383-1000</p>
<p>QABIYYEE Labsii Lak. 256/2016 Labsii Bulchiinsaafi Ittifayyadama Qabeenya Bishaanii Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 256/2016Fuula 1</p>	<p>ማውጫ አዋጅ ቁጥር 256/2016 የኦሮሚያ ክልል የውሃ ሀብት አስተዳደር እና አጠቃቀምን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 256/2016 ገጽ 1</p>	<p>CONTENT Proclamation No. 256/2024 Proclamation Issued to Determine the Administration and Use of Oromia Regional State Water Resource Number 256/2024Page 1</p>
<p>Labsii Bulchiinsaafi Ittifayyadama Qabeenya Bishaanii Naannoo Oromiyaa Murteessuuf Bahe, Lakkoofsa 256/2016</p> <p>Qabeenya bishaanii Naannicha kees- satti argamu qabeenya uumamaa ummataafi Mootummaa Naannichaa waan ta'eef faayidaa ummataatiif akka oolu eegumsaafi kunuunsa taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;</p> <p>Qabeenya bishaanii lafa irraafi lafa jalatti argamu faayidaa ummataafi di- inagdee Naannichaatiif itti fufiinsaan akka ooluuf sirna bulchiinsaafi itti- fayyadama isaa ilaalchisee hojimaata ifa ta'e diriirsuun waan barbaachiseef;</p>	<p>የኦሮሚያ ክልል የውሃ ሀብት አስተዳደር እና አጠቃቀምን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 256/2016</p> <p>በክልሉ የሚገኝ የውሃ ሀብት የክልሉ ህዝብና መንግስት የተፈጥሮ ሀብት በመሆኑ ለህዝብ ጥቅም እንዲውል ጥበቃና እንክብካቤ ማድረግ አስፈላጊ በመሆኑ፤</p> <p>በገጸ ምድር እና ከርሰ ምድር የሚገኘውን የውሃ ሀብት ለክልሉ ህዝብና ኢኮኖሚ ዘላቂ ጥቅም እንዲውል አጠባበቅ እና አጠቃቀምን በተመለከተ ግልፅ አሰራርን መዘርጋት አስፈላጊ በመሆኑ፤</p>	<p>Proclamation Number 256/2024 Proclamation Issued to Determine the Administration and Use of Oro- mia Regional State Water Resource</p> <p>Whereas, it has become necessary to protect and conserve the water resources in the Region as they are the natural resources of the people and the government of the Region for the benefit of the people;</p> <p>Whereas, it has become necessary to establish clear procedures regarding the management and use of surface and ground water resources for the sustainable benefit of the people and economy of the Region;</p>

Ittifayyadamni qabeenya bishaanii sirna bulchiinsa iftoominaafi ittigaa-fatamummaa qabu irratti hundaa'ee hojjiirra akka oolu taasisuun, sochii guddina misooma hawaas-diinagdee keessatti qooda ol'aanaa akka bahatu gochuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Sirna bulchiinsa ittifayyadamaafi eegumsa qabeenya bishaanii keessatti gahee mootummaa, hawaasniifi dhaabbileen adda addaa qaban adda baasuun gahee irraa eegamu gahumsaan akka bahatan dandeessisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe, Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 49 (3) (a) tiin Labsiin kun baheera.

Kutaa Tokko
Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun “Labsii Bulchiinsaafi Ittifayyadama Qabeenya Bishaanii Naannoo Oromiyaa Lakkoofsa 256/2016” jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Labsii kana keessatti:

- 1) “Biiroo” jechuun Biiroo Bishaanii-fi Inarjii Oromiyaafi caasaalee isaa sadarkaan jiraniidha.
- 2) “Dhiyeessa Bishaanii” jechuun bishaan tajaajila dhugaatii, qullinaa, industirii, obaasa beeyiladaa, oomisha qonnaa yookiin misooma biqiltuu kamiifiyyuu ooluu danda'u harkisuun yookiin jallisuun bakka tajaajila itti kennutti dhiyeessuudha.
- 3) “Faalama Bishaanii” jechuun gataa jajjaboo, dhangala'oo yookiin kan birootiin xuraawuu bishaan lafa irraa yookiin lafa jalaa jechuudha.

ግልጽነትና ተጠያቂነት የሰፈነበት የአመራር ስርዓት ላይ የተመሰረተ የውሃ ሃብት አጠቃቀም ተግባራዊ እንዲሆን በማድረግ በማህበራዊና ኢኮኖሚያዊ ልማት እንቅስቃሴዎች ውስጥ ትልቅ ሚና እንዲወጣ ማድረግ አስፈላጊ በመሆኑ፤

በውኃ አጠቃቀምና ጥበቃ ሥርዓት ውስጥ የመንግሥት፣ የማኅበረሰብና የተለያዩ ተቋማት ያላቸውን ሚና በመለየት የሚጠበቅባቸውን ሚና በብቃት እንዲወጡ ማስቻል አስፈላጊ በመሆኑ፤

ተሻሻሎ በወጣው የኦሮሚያ ክልላዊ መንግስት ህገ-መንግስት አዋጅ ቁጥር 46/1994 አንቀጽ 49 (3) (ሀ) መሰረት ይህ አዋጅ ወጥቷል።

ክፍል አንድ
ጠቅላላ ድንጋጌዎች

1. አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ "የኦሮሚያ ክልል የውሃ ሀብት አስተዳደር እና አጠቃቀም አዋጅ ቁጥር 256/2016" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

2. ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያስጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-

- 1) "ቢሮ" ማለት የኦሮሚያ ውሃ እና ኢነርጂ ቢሮ እና በተዋረድ ያሉ መዋቅሮቹ ነው።
- 2) "የውሃ አቅርቦት" ማለት ለመጠጥ፣ ለጽዳት፣ ለኢንዱስትሪ፣ ለእንስሳት መጠጥ፣ ለግብርና ምርት ወይም ለማንኛውም ዕዕዋት ልማት መዋል የሚችል ውኃን በመሳብ ወይም በመስኖ አገልግሎት ወደ ሚስጥበት ቦታ ማቅረብ ነው።
- 3) "የውሃ ብክለት" ማለት የገጸ ምድር ወይም የከርሰ ምድር ውሃ በደረት፣ ፈሳሽ ወይም ሌላ ቆሻሻ መከከል ነው።

Whereas, it has become necessary to ensure the implementation of the use of water resources based on a transparent and accountable management system to play an important role in the socio-economic development activities;

Whereas, it is necessary to identify the roles of the government, communities and various institutions in the management system of water use and protection and enable them to fulfill their expected roles efficiently;

Now, therefore, in accordance with Article 49 (3) (a) of the Revised Oromia Regional State Constitution; Proclamation Number 46/2001, it is hereby proclaimed as follows.

Part One
General Provisions

1. Short Title

This Proclamation may be cited as the “Oromia Regional State Water Resource Administration and Use Proclamation, Number 256/2024”.

2. Definition

Unless the context otherwise requires, in this Proclamation:

- 1) “Bureau” means Oromia Water and Energy Bureau and its hierarchical structures.
- 2) “Water Supply” means the supply of water for drinking, sanitation, industry, animal watering, agricultural production or plant development by drawing or diverting water to the place of service.
- 3) “Water Pollution” means the contamination of surface or ground water by solid, liquid or other waste.

<p>4) “Gataa” jechuun akkaataa seerota Mootummaa Naannichaa yookiin Mootummaa Federaalawaa Itoophiyaa baasuun gataa yookiin gataa hamoo jedhamee kan moggaafame kamiyyuu kan hammatu ta’ee, wantoota jajjaboo, dhangala’oo yookiin kan biroo qulqullina, kallattii yaa’iinsaafi qabiyyee bishaanii miidhuu danda’u kamiyyuu ni dabalata.</p>	<p>4) “ቆሻሻ” ማለት በክልሉ መንግስት ወይም በኢትዮጵያ ፌዴራላዊ መንግስት በወጣው ህግ መሰረት በቆሻሻ ወይም በአደገኛ ቆሻሻነት የተፈረጀው ደረቅ፣ ፈሳሽ ወይም ሌላ ማናቸውንም የውሃ ጥራት፣ የፍሰት አቅጣጫ እና ይዘትን የሚጎዳ ነገሮችን ያካትታል።</p>	<p>4) “Waste” means anything designated as waste or hazardous waste in accordance with the laws issued by the Regional Government or the Federal Government of Ethiopia which includes any solid, liquid or other substances that may impair the quality, direction of flow and water content.</p>
<p>5) “Gataa Hamaa” jechuun wanta dhangala’aa, jajjaboo, gaazii yookiin kan biroo ta’ee, seera rogummaa qabuun gataa hamaa jedhamee kan moggaafameefi qulqullina, kallattii yaa’iinsaafi qabiyyee bishaanii miidhuu kan danda’u kamiyyuu ni dabalata.</p>	<p>5) “አደገኛ ቆሻሻ” ማለት ማንኛውም ፈሳሽ፣ ጠጣር፣ ጋዝ ወይም ሌላ ንጥረ ነገር ሆኖ፣ በሚመለከተው ህግ አደገኛ ቆሻሻ ተብሎ የተሰየመ እና ማናቸውንም የውሃ ጥራት፣ የፍሰት አቅጣጫ እና ይዘትን የሚጎዳ ነገሮችን ያካትታል።</p>	<p>5) “Hazardous Waste” means any substance, whether liquid, solid, gaseous or otherwise, that is designated as a hazardous waste under relevant law and is likely to impair the quality, direction of flow and water content.</p>
<p>6) “Gataa Dhangala’aa” jechuun dhangala’aa qulqullinaafi qabiyyee bishaanii miidhuu kamiyyuu ta’ee bishaan mana jireenyaa, dhaabbata yookiin warshaa kamiyyuu keessaa tajaajila erga kennee booda gadi lakkifamu, bishaan hojii albuuda oomishuu keessatti tajaajila kennee akka dhiqaatti gadi lakkifamu, zayita, keemikaala, giriisii yookiin bulbula kemikaalaa kamiyyuu kan dabalatuudha.</p>	<p>6) “ፈሳሽ ቆሻሻ” ማለት የውሃ ጥራትና ይዘትን የሚጎዳ ማንኛውም ፈሳሽ ሆኖ ከመኖሪያ ቤት፣ ተቋም ወይም ፋብሪካ አገልግሎት ከሰጠ በኋላ የሚለቀቅ ውሃ፣ በማዕድን ማምረት ስራ ላይ ውሎ እንደ እጣቢ የሚለቀቅ ውሃ፣ ዘይት፣ ኬሚካል፣ ቅባት ወይም ማንኛውንም የኬሚካል ውህደትን ይጨምራል።</p>	<p>6) “Liquid Waste” means any liquid that is detrimental to the quality and content of water and includes a water discharged from any residential, organization or factory after served, water discharged from mining operations as wastage, oil, chemical, grease or chemical solvent.</p>
<p>7) “Gataa Jajjaboo” jechuun gataa dhangala’aa hin taaneefi qulqullina, qabiyyeefi kallattii dhangala’iinsa bishaanii irratti miidhaa dhaqqabsiisu kamiyyuu kan dabalatuudha.</p>	<p>7) “ጠጣር ቆሻሻ” ማለት ፈሳሽ ያልሆነ ቆሻሻ እና ማንኛውንም የውሃ ጥራት፣ ይዘትና የፍሰት አቅጣጫን የሚጎዳ ነገሮችን ያካትታል።</p>	<p>7) “Solid Waste” means any non-liquid waste that is detrimental to the quality, content and direction of water flow.</p>
<p>8) “Golba Bishaanii” jechuun hede-da yookiin caba lafaa kan bishaan gara muummee tokkotti keessaa yookiin irraa yaa’udha.</p>	<p>8) “የውሃ ተፋሰስ” ማለት ውሃ ወደ አንድ ዋና ቦታ በመሬት ውስጥ ወይም በላይ የሚፈስበት በምድር ላይ ያለ የመሬት ተዳፋት ነው።</p>	<p>8) “Watershed” means a hedge or break through which water flows in or above the ground into one main.</p>
<p>9) “Haroo” jechuun haroo uumamaa yookiin nam-tolchee kamiyyuu ta’ee, cimmissa bishaanii faayidaa maatii qofaaf oolu hin dabalatu.</p>	<p>9) “ሐይቅ” ማለት ማንኛውም የተፈጥሮ ወይም ሰው ሰራሽ ሐይቅ ሲሆን ለቤተሰብ ብቻ ጥቅም ላይ የሚውል የውሃ ክምችትን አያካትትም።</p>	<p>9) “Lake” means any natural or artificial lake, and does not include a water reservoir for family use only.</p>

- 10) “Hojii Ijaarsa Bishaanii” jechuun qabeenyi bishaanii faayidaa irra akka oolu taasisuuf hojiiwwan ijaarsa bishaanii ijaaraman yookiin ijaaramuu danda’an kan akka laga hidhuu, haroo nam-tolchee hojjechuu, boolla bishaanii qo-tuu, ujummoo bishaanii diriirsuu yookiin bishaan jallisuu, paampiin harkisuu, saamsuu, qulqulleessuu yookiin hojiiwwan walfakkaatan kan biroo raawwachuu kan dabalatudha.
- 11) “Lafa Caffaa’aa” jechuun lafa bishaanna’aa yookiin lafa waggaa keessatti yeroo dheeraaf bishaan qabatee turuudha.
- 12) “Mootummaa” jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 13) “Naannawa Eegamaa” jechuun qaama bishaanii, golba bishaanii, lafa Caffaa’aa, bakka madda bishaanii seera rogummaa qabuun yookiin qaama aangoo qabuun adda bahee eegumsa addaa akka argatu taasifamedha.
- 14) “Naannoo” jechuun Naannoo Oromiyaati.
- 15) “Nama” jechuun nama uumamaa yookiin kan seeraan mirga namummaa argatedha.
- 16) “Qabeenya Bishaanii” jechuun bishaan lafa jalaafi bishaan lafa irraa kan akka burqaa, yaatuu lagaa, laga, haroo uumamaa yookiin haroo nam-tolchee jechuudha.
- 17) “Qarqara Lagaa yookiin Haroo” jechuun lafa naannawa lagaa yookiin harootiif eegumsa yookiin kunuunsa taasisuuf adda bahedha.
- 18) “Sadarkaa Qulqullina Bishaanii” jechuun sadarkaa qulqullina bishaanii akka biyyaalessaatti bahedha.

- 10) “የውሃ ስራ ግንባታ” ማለት የውሃ ሃብትን ጥቅም ላይ ለማዋል የተገነቡ ወይም ሊገነቡ የሚችሉ የውሃ ግንባታ ስራዎች ሆኖ ግድብ፣ ሰው ስራሽ ሀይቅን፣ ጉድጓድን መቆራር፣ የቧንቧ ዝርጋታ ወይም የመስኖ ውሃ፣ ፓምፕ ማድረግ፣ ማሸግ፣ ማጽዳት ወይም ሌሎች መሰል ስራዎች ማከናወንን ያካትታል።
- 11) “ረግረጋማ መሬት” ማለት ውሃማ ወይም በዓመት ውስጥ ለረጅም ጊዜ ውኃን የሚይዝ መሬት ነው።
- 12) “መንግስት” ማለት የኦሮሚያ ክልል መንግስት ነው።
- 13) “የተከለለ ቦታ” ማለት በሚመለከተው ህግ ወይም ስልጣን ባለው አካል ተለይቶ ልዩ ጥበቃ እንዲያገኝ የተደረገ የውሃ አካል፣ የውሃ ተፋሰስ፣ ረግረጋማ መሬት፣ የውሃ ምንጭ ቦታ ነው።
- 14) “ክልል” ማለት የኦሮሚያ ክልል ነው።
- 15) “ሰው” ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም በህግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ነው።
- 16) “የውሃ ሀብት” ማለት የክርሰ ምድር ውሃ እና የገጸ ምድር ውሃ ሲሆን እንደ ምንጭ፣ ወንዝ፣ ጅረት፣ የተፈጥሮ ሀይቅ ወይም ሰው ስራሽ ሀይቅ ያሉ ናቸው።
- 17) “የወንዝ ወይም ሀይቅ ዳርቻ” ማለት በወንዝ ወይም ሀይቅ ዙሪያ ለጥበቃ ወይም ክብካቤ ተብሎ የተለየ መሬት ነው።
- 18) “የውሃ ጥራት ደረጃ” ማለት በሀገር አቀፍ የወጣ የውሃ ጥራት ደረጃ ነው።

- 10) “Water Construction Works” means water construction works constructed or potentially constructed to ensure the utilization of water resources such as damming, making artificial lakes, digging wells, laying pipes or diverting water, pumping, packing, cleaning or other similar operations.
- 11) “Wetland” means water land or land that retains water for a long period during the year.
- 12) “Government” means Oromia Regional State government.
- 13) “Protected Area” means a body of water, water shed, and wetland, water source area identified by relevant law or by a competent organ for special protection.
- 14) “Region” means Oromia Region.
- 15) “Person” means natural or juridical person.
- 16) “Water Resource” means groundwater and surface water such as spring, river, stream, natural lake or artificial lake.
- 17) “River or Lake Bank” means land set aside around a river or lake for its protection or conservation.
- 18) “Water Quality Standard” means the national water quality standard.

- 19) “Tajaajila Bashannanaa” jechuun meeshaa geejjibaa kamiyyuu fayyadamuun bishaan irra socho’uu, bishaan daakuu, ijaarsa bashannanaatiif qarqara yookiin qaama bishaanii kamiyyuu irratti yookiin keessatti ijaarametti fayyadamuun haroo yookiin laga doowwachuu, qarqara haroo yookiin lagaatti hoteela yookiin mana bashannanaa kamiyyuu keessatti tajaajilamuu yookiin dhiqanna qaama kamiyyuu kan dabalatudha.
 - 20) “Tajaajila Mana Keessaa” jechuun tajaajila bishaan dhugaatii namaa yookiin nyaata qopheessuuf yookiin beeyiladaaf, biqiltuuf yookiin qulqullina mana keessaaf ooluufi kan biroo ni dabalata.
 - 21) “To’ataa Qabeenya Bishaanii” jechuun nama bu’uura Labsii kanaatiin qulqullina qabeenya bishaanii akka to’atuuf Biirichaan ramadamu jechuudha.
 - 22) “Qoorsa Lafa Caffaa’aa” jechuun lafa caffaa’aa hojjiirra oolchuuf hayyama qaama ilaallatuutiin bo’oo baasuun, biqiltuu dhaabuun yookiin maloota biroo kamiyyuu fayyadamuun qoor-suufi ittifayyadamuudha.
- 3. Ibsa Koornayaa**
Labsii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame kan dubartiis ni dabalata.
- 4. Daangaa Raawwatiinsa**
Labsiin kun qabeenya bishaanii Naannicha keessatti argamuufi jalatti bulu kamiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

Kutaa Lama

Haala Ittifayyadama Qabeenya Bishaanii

- 5. Qajeeltoowwan Bu’uuraa**
- 1) Ittifayyadamni bishaaniifi hojiin qabeenya bishaanii irratti hojjetamu kamiyyuu haala qabeenya kanaaf eegumsa taasisuufi miidhaa hin dhaqqabsiifneen ta’uu qaba.

- 19) “የመዝናኛ አገልግሎት” ማለት በማንኛውም የመንገድ ዘዴ በመጠቀም በውሃ ላይ መንቀሳቀስ፣ መዋኘት፣ ለመዝናኛ አገልግሎት በውሃ ዳርቻ ወይም አካል ላይ የተገነባ ግናባታን በመጠቀም ሐይቅ ወይም ወንዝ መጎብኘት፣ በሐይቅ ወይም በወንዝ ዳርቻ በማንኛውም ሆቴል ወይም ረዞርት መገልገልን ወይም ገላ መታጠብን ይጨምራል።
- 20) “የቤት ውስጥ አገልግሎት” ማለት የሰዎች የመጠጥ ውሃ ወይም የምግብ ዝግጅት ወይም የአንስሳት፣ የአፅዋት ወይም የቤት ውስጥ ጽዳት አገልግሎቶችን እና ሌሎችንም ያካትታል።
- 21) “የውሃ ሀብት ተቆጣጣሪ” ማለት በዚህ አዋጅ መሰረት የውሃ ሀብትን ጥራት ለመቆጣጠር በቢሮው የሚመደብ ሰው ነው።
- 22) “ረገገጋማ መሬትን ማንጠፍጠፍ” ማለት ረገገጋማ መሬትን ጥቅም ላይ ለማዋል በሚመለከተው አካል ፈቃድ መሬትን ቦይ በማውጣት፣ ዛፍ በመትከል ወይም በማናቸውም ሌላ መንገድ በመጠቀም ማንጠፍጠፍና መጠቀም ነው።

3. የጾታ አገላለጽ

በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ጾታ የተገለጸው ቃል የሴትንም ይጨምራል።

4. የተፈጻሚነት ወሰን

ይህ አዋጅ በክልሉ ውስጥ በሚገኝና በስሩ በሚተዳደር ማንኛውም የውሃ ሀብት ላይ ተፈጻሚ ይሆናል።

ክፍል ሁለት

የውሃ ሀብት አጠቃቀም ሁኔታ

5. መሰረታዊ መርሆች

- 1) የውሃ አጠቃቀም እና በውሃ ሀብት ላይ የሚደረግ ማንኛውም ተግባር ለዚህ ሃብት ጥበቃ በሚያደርግ እና ጉዳት በማያደርስ መልኩ መሆን አለበት።

- 19) “Recreational Service” means by using any means of transport moving on water, swimming, visiting a lake or river using a recreational construction built on or in water bank, being served in any hotel or recreational house found on the banks of a lake or river or bathing.
- 20) “Indoor Service” means drinking water service for humans, for food preparation, or for animals, plants or domestic cleaning, and others.
- 21) “Water Resource Controller” means a person appointed by the Bureau to control the quality of water resource pursuant to this Proclamation.
- 22) “Dehydrating of Wetland” means the dehydrating and use of wetland by drainage, planting of trees or any other method with the permission of the relevant organ.

3. Gender Reference

In this Proclamation, the term expressed by the masculine gender includes the feminine.

4. Scope of Application

This Proclamation shall apply to any water resource located in and administered under the region.

Part Two

Conditions of Using Water Resource

5. Basic Principles

- 1) The use of water and any activities carried out on water resource shall be in a manner that protects this resource and does not cause harm to it.

- 2) Qoqqoodinsi qabeenya bishaanii faayidaafi fayyadamtoota bishaanii gidduutti haala barbaachisummaa duraa-duuba fayyadamtoota, bu'aa ittifayyadama bishaan irraa argamu, walitti fufiinsaan jiraachuu danda'u qabeenya bishaanii naannawa tokkoo, haqummaafi kunuunsa naannoo bifa mirkaneeseen ta'uu qaba.
- 3) Gataan sadarkaan qulqullina isaa fayyaa namaa, beeyilaadaafi lubbu qabeeyyii biroo irratti miidhaa dhaqqabsiisu qaama bishaaniifi naannawa bishaaniitti akka gataamu hayyamamuu hin qabu.

6. Haala Ittifayyadama Qabeenya Bishaanii

- 1) Biirichi haala barbaachisummaa isaa irratti hundaa'uun qabeenya bishaanii gosa tajaajila isaatiin adda baasuufi qooduu ni danda'a.
- 2) Qabeenyi bishaanii duraa-duuba barbaachisummaafi bu'a qabeesummaa tajaajiloota ha-waas-diinagdee Naannichaa giddugaleessa godhachuun faayidaafi fayyadamtoota gidduutti qoqqoodama.
- 3) Tumaan waliigalaa Keewwata kana Keewwattoota Xiqqaa 1 fi 2 akka eegametti ta'ee, qoqqoodinsa qabeenya bishaanii keessatti tajaajilli mana keessaa tajaajiloota kamiyyuu dursa kan argatu ta'a.
- 4) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee, bishaan tajaajila adda bahe kamiifiyyuu dursa qoodamuun isaa yookiin qoodamuuf karoorfamuun isaa tilmaama tajaajilicha tajaajiloota biroo caalchisuu kan fudhachiisu yookiin mirga tajaajiloota dura argachuu kan gonfachiisu hin ta'u.

- 2) በውሃ አጠቃቀም እና በተጠቃሚዎች መካከል ያለው የውሃ ሀብት ድልድል የተጠቃሚዎችን ቅደም ተከተል፣ ከውሃ ተጠቃሚነት የሚገኝ ጥቅም፣ በአንድ አካባቢ የውሃ ሀብት በዘላቂነት መኖር፣ ፍትሃዊነት እና የአካባቢ ጥበቃን በሚያረጋግጥ መንገድ መሆን አለበት።
- 3) የጥራት ደረጃው በሰው ጤና፣ በእንስሳት እና በሌሎች ፍጥረታት ላይ ጉዳት የሚያደርስ ቆሻሻ በውሃ አካላት እና በውሃ አካባቢ ላይ እንዲጣል ሊፈቀድ አይገባም።

6. የውሃ ሀብት አጠቃቀም ሁኔታ

- 1) ቢርድ በአስረላጊነቱ ላይ በመመስረት የውሃ ሀብትን በአገልግሎት ዓይነት መለየት እና መመደብ ይችላል።
- 2) የውሃ ሀብት የአስረላጊነት ቅደም ተከተልና በክልሉ ማህበራዊና ኢኮኖሚያዊ አገልግሎቶች ውጤታማነት ላይ በመመርኮዝ በውሃ አጠቃቀም እና በተጠቃሚዎች መካከል ይከፋፈላል።
- 3) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 እና 2 አጠቃላይ ድንጋጌዎች እንደተጠበቀ ሆኖ በውኃ ሀብት ድልድል ውስጥ የቤት ውስጥ አገልግሎት ከማንኛውም አገልግሎት ይልቅ ቅድሚያ ይኖረዋል።
- 4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ ቁጥር 1 እና 2 የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ውሃ ለየትኛውም የተለየ አገልግሎት ቅድሚያ መደልደሉ ወይም ለድልድል መታቀዱ አገልግሎቱን ከሌሎች አገልግሎቶች የማስበለጥ ግምት ወይም የቅድሚያ አገልግሎት የማግኘት መብት የሚያሰጥ አይደለም።

- 2) The allocation of water resource between water use and users shall be in a manner that ensures the priorities of the users, the outcome obtained from water use, the sustainability of water resource in the area, equity and environmental conservation.
- 3) Wastes that are harmful to human health, animals and other organisms shall not be allowed to be discharged into water bodies and environments.

6. Conditions of Using Water Resource

- 1) The Bureau may identify and classify water resource by type of uses based on its necessity.
- 2) Water resource shall be allocated among the water use and users based on the necessity and effectiveness of the socio-economic services of the Region.
- 3) Without prejudice to the general provisions of Sub-Articles 1 and 2 of this Article, domestic services shall have priority over any services in the allocation of water resource.
- 4) Without prejudice to the provisions of Sub-Article 1 and 2 of this Article, the primary allocation or planning to allocate water to any identified service shall not constitute the service superior to other services or entitlement to priority of services.

- 5) Qoodinsi qabeenya bishaanii sulula, laga, cita sululaafi addaan yaa'iinsa bishaanii giddugaleessa godhachuun naannawa gogiinsaaf saaxilamoo ta'aniifi qusannoon hojiirra ooluu danda'uu bishaanii xiyyeffannoo keessa bifa galcheen raawwachuu qaba.
- 6) Tumaan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 akkuma eegametti ta'ee, qabeenyi bishaanii kanaan dura gosa tajaajilaa murtaa'ee kan oolaa ture ta'uun isaa yookiin tajaajila murtaa'ee karoorfamee kan ture ta'uun isaa mirga dursaa gosa tajaajila bishaanii sanaaf kan kennisiisu hin ta'u.
- 7) Qoodiinsi qabeenya bishaanii guddina hawaas-diinagdee, baay'ina fayyadamtootaafi jijjiirama qilleensaa irratti hundaa'uun yeroo yerootti fooyya'aa kan deemuu ta'a.
- 8) Raawwiin Keewwata kanaa Dam-bii bahuun kan murtaa'u ta'a.

7. Ittifayyadama Qabeenya Bishaanii Hayyamni Barbaachisu

- 1) Namni kamiyyuu hojii ittifayyadama qabeenya bishaanii armaan gadii irratti bobba'uuf hayyama Biiricha irraa kenname qabaachuu qaba:

 - (a) Bishaan tajaajila adda addaatiif fayyadamuuf jecha jallisuu yookiin jallisanii qonnaa ammayyaatiif yookiin investimentiif oolchuuf;
 - (b) Hojiiwwan ijaarsa jallisii bishaanii yookiin ijaarsa biroo bishaan jallisuu yookiin kuusuu danda'u gaggeessuuf;
 - (c) Tajaajila industiriif bishaan lafa jalaa baasuu yookiin bishaan lagaa yookiin haroo jallisuun yookiin harkisuun ittifayyadamuuf;
 - (d) Dhaabbileen daldalaa tajaajila adda addaatiif dhuunfaan ittifayyadamuuf yookiin qaamolee adda addaatiif dhiyeessuuf bishaan lafa jalaa baasuu, lagaa yookiin haroo jallisuun yookiin harkisuun ittifayyadamuuf;

- 5) የውሃ ሀብት ድልድል ጅረት፣ ወንዝ፣ ንኡስ ጅረት እና የውሃ ፍሰት መለያየት ላይ በመመስረት ለድርቅ የተጋለጡ አካባቢዎችን እና የውሃ ቁጠባን ታሳቢ ባደረገ መልኩ መከናወን አለበት።
- 6) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የውሀ ሀብቱ ከዚህ ቀደም ለተወሰነ አገልግሎት መዋሉ ወይም ለአንድ አገልግሎት ታትዶ የነበረ መሆኑ ለዚያው የውኃ አገልግሎት የቅድሚያ መብት የሚያሰጥ አይደለም።
- 7) የውሃ ሀብት ድልድል የማህበራዊና ኢኮኖሚያዊ ልማት፣ የተጠቃሚዎች ብዛት እና የአየር ንብረት ለውጥ ላይ ተመስርቶ ከጊዜ ወደ ጊዜ የሚሻሻል ይሆናል።
- 8) የዚህ አንቀጽ አተገባበር በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

7. ፈቃድ የሚያስፈልገው የውሃ ሃብት አጠቃቀም

- 1) ማንኛውም ሰው በሚከተሉት የውሃ ሀብት አጠቃቀም ተግባራት ላይ ለመሳተፍ ከቢሮው የተሰጠ ፈቃድ ሊኖረው ይገባል።

 - (ሀ) ወሃን ለተለያዩ አገልግሎት ለመጠቀም ሲባል በመስኖ ለዘመናዊ ግብርና ወይም ኢንቨስትመንት ለማዋል፤
 - (ለ) የመስኖ ግንባታ ስራዎች ወይም ውኃን ለመስኖ ወይም ወሃን ለማከማቻት የሚችል ሌላ የግንባታ ሥራን ማከናወን፤
 - (ሐ) የክርሰ ምድር ውኃን ለኢንዱስትሪ አገልግሎት ማውጣት ወይም የወንዝ ወይም የሐይቅ ውሃን ለመስኖ በመሳብ ለመጠቀም፤
 - (መ) የንግድ ድርጅቶች ለተለያዩ አገልግሎቶች በግል ለመጠቀም ወይም ለተለያዩ አካላት ለማቅረብ የክርሰ ምድር ውኃ ማውጣት፤ ከወንዝ ወይም ከሐይቅ በመጥለፍ ወይም በመሳብ ለመጠቀም፤

- 5) Water resource allocation should be carried out based on stream, river, stream breaks and departure of water flow in a manner that takes into account drought prone areas and water savings.
- 6) Without prejudice to the provisions of Sub-Article 1 of this Article, the fact that the water resource has previously been used for a particular type of service or has been planned for a particular service shall not grant priority rights to that type of water service.
- 7) The allocation of water resource shall be improved from time to time based on socio-economic development, number of users and climate change.
- 8) The application of this Article shall be determined by the Regulation to be issued.

7. Use of Water Resource with License

- 1) Any person shall have a license from the Bureau to engage in the following water resource use activities:

 - (a) To divert water for various purposes such as modern agriculture or investment;
 - (b) To carry on works for the construction of irrigation structures or other construction capable of diverting or storing water;
 - (c) To extract groundwater for industrial purposes or to use water by diverting or drawing water from a river or lake;
 - (d) To extract groundwater by commercial enterprises for private use for various services or diverting or drawing water from rivers or lakes or for supply to various bodies;

- (e) Qabeenya bishaaniifi naanna-wa bishaaniitti tajaajila bashan-nanaa kennuuf;
- (f) Bishaan ofii baase yookiin qaama biraa irraa dhiyeessiin argate nama biraatti gurgurtaan dabarsuuf;
- (g) Bishaan keessatti kaayyoo daldalaatiif horsiisa qurxummii gaggeessuu yookiin qurxummii kiyyeessuuf;
- (h) Gataa dhangala'oo yaalame kamiyyuu bishaanitti yookiin naannawa bishaaniitti gatuuf yookiin dhangalaasuuf;
- (i) Argama, facaatii, hanga, gosa, qulqullinaafi gosa tajaajila bishaanii adda baasuuf;
- (j) Bishaan keessaa yookiin naannawa bishaanii yookiin qabiyyee bishaanii keessaa hojii albuuda baasuu irratti bobba'uuf;
- (k) Bishaan burqituu ho'aa yookiin qabbanaa'aa tajaajila amantaaf fayyadamuuf;
- (l) Tajaajila bishaan dhugaatii magaalaa yookiin baadiyyaa Mootummaan yookiin waldaaleen bishaanii kennan hojjechuuf.
- 2) Magaalota yookiin Naannolee Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiin ala jiran tajaajila ittifayyadama bishaanii kamiifiyyuu Bulchiinsa Naannichaa keessaa bishaan fayyadamuu yoo barbaadan hayyama Mootummaa Naannichaa irraa argachuu qabu.
- 3) Kenniinsi hayyama ittifayyadamaafi hojii qabeenya bishaanii haala dhangala'iinsa bulchiinsa qindaa'aa qabeenya bishaanii fuula duraa bu'uura taasifateen ta'uu qaba.
- 4) Biirichi hayyama ittifayyadama qabeenya bishaanii kennuun dura qabeenya bishaanii hayyamichi irratti gaafatame ilaalchisee ragaa qindaa'aa qabaachuu qaba.
- 5) Raawwiin Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

- (ሠ) በውሃ ሀብት እና በአካባቢው የመዝናኛ አገልግሎት ለመስጠት፤
- (ረ) በራሱ ያወጣውን ወይም ከሌላ አካል የተቀበለውን ውኃ ለሌላ ሰው በሽያጭ ለማስተላለፍ፤
- (ሰ) ለንግድ ዓላማ የዓሳ እርባታን ለማካሄድ ወይም ዓሳን በውኃ ውስጥ ለማጥመድ፤
- (ሸ) ማንኛውንም የታከመ ፈሳሽ ቆሻሻ በውሃ ውስጥ ወይም በአካባቢው ለመጣል ወይም ለመልቀቅ፤
- (ቀ) የውኃ አገልግሎት መገኛ፣ ስርጭት፣ መጠን፣ ጥራት እና ዓይነት ለመለየት፤
- (በ) ከውሃ ውስጥ ወይም ከውሃ አካባቢ ወይም ከውሃ አካል ውስጥ በማዕድን ማውጣት ስራ ላይ ለመስማራት፤
- (ተ) ለሃይማኖታዊ አገልግሎቶች የሚውል ሙቅ ወይም ቀዝቃዛ የምንጭ ውሃ ለመጠቀም፤
- (ቸ) የከተማ ወይም የገጠር የመጠጥ ውኃ አገልግሎት በመንግሥት ወይም በውኃ ማኅበራት የሚሰጠውን ለመስራት።
- 2) ከክልሉ መንግሥት ሥልጣን ውጪ ያሉ ከተሞች ወይም ክልሎች ለማንኛውም የውኃ አገልግሎት በክልሉ መንግሥት ሥልጣን ውስጥ ያለውን ውኃ ለመጠቀም ከክልሉ መንግሥት ፈቃድ ማግኘት አለባቸው።
- 3) የውሃ ሀብት አጠቃቀም ፈቃድ አሰጣጥ እና ሥራ የወደፊቱን የተቀናጀ የውሃ ሀብት አስተዳደር ፍሰት ላይ የተመሠረተ መሆን አለበት።
- 4) ቢርድ የውሃ ሀብት አጠቃቀም ፈቃድ ከመስጠቱ በፊት ፈቃድ የተጠየቀበትን የውሃ ሀብት በተመለከተ የተቀናጀ ማስረጃ ሊኖረው ይገባል።
- 5) የዚህ አንቀጽ አረጃጃም በሚወጣ ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

- (e) To provide recreational services in and around water resources;
- (f) To transfer water produced by himself to another person or received from another body by sale;
- (g) To conduct fishery or trap fish in waters for commercial purposes;
- (h) To dispose or discharge any treated liquid waste into or around water;
- (i) To identify the location, distribution, quantity, quality and type of water service;
- (j) To engage in mining activities in or around water or water bodies;
- (k) To use hot or cold spring water for religious services;
- (l) To operate urban or rural drinking water services provided by the government or water associations.
- 2) Cities or Regions outside the jurisdiction of the Regional Government shall obtain permission from the Regional Government for any water use services within the jurisdiction of the Regional Government.
- 3) The issuance of license for the use and operation of water resource shall be based on the flow of future coordinated management of water resource.
- 4) Before issuing a water resource use license, the Bureau shall have comprehensive evidence regarding the water resource for which the license is requested.
- 5) The application of this Article shall be determined by the Regulation to be issued.

8. Ittifayyadama Bishaanii Hayyama Hin Barbaachisne

- 1) Namni kamiyyuu hayyama ittifayyadama qabeenya bishaanii qabaachuun osoo isa hin barbaachisin tajaajila bishaanii armaan gadii kan argatu ta'a:

 - (a) Tajaajila mana keessaaf laga, haroo, burqituu, boolla yookiin eela keessaa bishaan waraabee ittifayyadamuuf;
 - (b) Boolla bishaanii tajaajila mana keessaa qofaaf oolu wal irraa fageenyaa seeraan murtaa'e hin caalle qotuun bishaan baasuun ittifayyadamuuf;
 - (c) Qonna jallisii aadaa gaggeessuuf;
 - (d) Tajaajila nyaataaf qurxummii kiyyeessuu yookiin horsiisuuf;
 - (e) Hojii albuudaa mala aadaatiin gaggeessuuf;
 - (f) Maashina midhaan nyaataa daaku humna bishaaniin hojjetu dhaabbachuuf.

- 2) Namni tajajiloota bishaanii Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1(b), (d) fi (f) jalatti tumamaniif bishaanitti fayyadamu hojii jalqabuun dura Biiricha beeksisu qaba. Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murta'u ta'a.

9. Ulaagaalee Hayyamaa

- Akkaataa Labsii kana Keewwata 7tiin namni qabeenya bishaanitti fayyadamuuf hayyama argachuu barbaadu kamiyyuu ulaagaalee armaan gadii guutuu qaba:
- 1) Bishaanicha kaayyoo daldalaatiif kan barbaadu yoo ta'e, akkaataa seera roggummaa qabuutiin nama hojii daldalaa gaggeessuu danda'u;
 - 2) Qabiyyeen lafaa hayyama tajaajila bishaanii irratti gaafatame seera qabeessa ta'uu isaa;
 - 3) Ragaa qorannoo sakatta'iinsa dhiibbaa naannoofi hawaasaa qaama aangoon seeraan kennameef mirkaneessisuun dhiyeessuu;
 - 4) Dandeettii maallaqaa, teekinikaafi ogummaa hojichaaf barbaachisu qabaachuu;

8. ፈቃድ የማያስፈልገው የውሃ አጠቃቀም

- 1) ማንኛውም ሰው የውሃ ሃብት አጠቃቀም ፍቃድ ሳያስፈልገው የሚከተሉትን የውሃ አገልግሎቶች የሚያገኝ ይሆናል፡-

 - (ሀ) ለቤት ውስጥ አገልግሎት የሚውል ውኃ ከወንዝ፣ ከሐይት፣ ከምንጭ፣ ከጉድጓድ ውስጥ መቅዳት፤
 - (ለ) ለቤት ውስጥ አገልግሎት የሚውል የውሃ ጉድጓድ በሕግ ከተደነገገው በማይበልጥ ርቀት ላይ በመቆራረጥ ውሃ በማውጣት ለመጠቀም፤
 - (ሐ) ባህላዊ የመስኖ እርሻን ለማካሄድ፤
 - (መ) ለምግብ አገልግሎት የሚውል ዓሣ ለመጥመድ ወይም ለማርባት፤
 - (ሠ) በባህላዊ ዘዴ የማዕድን ሥራን ለማካሄድ፤
 - (ረ) በውሃ የሚሠራ የእህል መፍጫ ማሽን ለመትከል፡፡

- 2) በዚህ አንቀጽ 7ዕ-ስ አንቀጽ 1 (ለ) (መ) እና (ረ) ለተሰጡት የውኃ አገልግሎቶች ውኃ የሚጠቀም ሰው ሥራ ከመጀመሩ በፊት ለቢሮው ማሳወቅ አለበት፡፡ አፈጻጸሙ በሚወጣው ደንብ ይወሰናል፡፡

9. የፈቃድ መስፈርቶች

- በዚህ አዋጅ አንቀጽ 7 መሰረት የውሃ ሀብትን ለመጠቀም ፈቃድ ማግኘት የሚፈልግ ማንኛውም ሰው የሚከተሉትን መስፈርቶች ማሟላት ይኖርበታል፡-
- 1) ውሃውን ለንግድ ሥራ የሚፈልግ ከሆነ በሚመለከተው ሕግ መሠረት የንግድ ሥራ መሥራት የሚችል ሰው፤
 - 2) የውሃ አገልግሎት ፈቃድ የተጠየቀበት የመሬት ይዞታ መብት ህጋዊነት፤
 - 3) በህግ ስልጣን በተሰጠው አካል የተረጋገጠ የአካባቢ እና ማህበራዊ ተፅዕኖ ግምገማ ማስረጃ ማቅረብ፤
 - 4) ለሥራው የሚያስፈልገው የገንዘብ፣ የቴክኒክ እና ሙያዊ ችሎታ መኖር፤

8. Use of Water Without License

- 1) Every person shall have access to the following water services without the need to obtain a water resource use license:
 - (a) To fetch water from a river, lake, spring, or well for domestic use;
 - (b) To drill well for domestic use only at a distance not exceeding the legally prescribed distance;
 - (c) To conduct traditional irrigation;
 - (d) To trap or breed fish for food service;
 - (e) To conduct traditional method mining operations;
 - (f) To install water-powered grain milling machinery.
- 2) A person who uses water for the services provided for in Sub-Article 1(b), (d) and (f) of this Article shall notify the Bureau prior to commencing the work. Its implementation shall be determined by the Regulation to be issued.

9. License Requirements

- In accordance with Article 7 of this Proclamation, any person who wants to obtain a license to use water resource must meet the following requirements:
- 1) A person who can conduct business in accordance with relevant law if he requires the water for commercial purpose;
 - 2) The validity of the land holding on which the water service license is requested;
 - 3) Submitting evidence of environmental and social impact assessments certified by the legally authorized body;
 - 4) Having the financial, technical and professional capacity required for the work;

- 5) Waggoota 5 (shanii) asitti saba-ba ragaa sobaa yookiin gocha dogoggorsuutiin hayyamni ittifayyadama bishaanii kan jalaa hin haqamne.
- 6) Raawwiin Keewwata kanaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

10. Adeemsa Hayyamni Itti Kennamu

- 1) Namni bishaanitti fayyadamuuf hayyama barbaadu iyyata isaa Biirichatti dhiyeeffachuu ni danda'a.
- 2) Iyyanni bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin dhiyaatu ragaa guutuu qabaachuu qaba.
- 3) Biirichi hayyama kennuun dura ittifayyadamni bishaanii hayyamni irratti gaafatame:
 - (a) Lubbu qabeeyyii lubbu dha-beeyyii irratti miidhaa kan hin dhaqqabsiisne ta'uu isaa;
 - (b) Mirga ittifayyadamaa namni biroon bishaanicha irratti qabu kan hin sarbine ta'uu.
- 4) Biirichi hayyama yammuu kennu, waldaa interpiraayizii maayikiroofi xixiqqaa jajjabeessuuf yookiin karoorri ittifayyadama bishaanii dhiyaate guddina diinagdee ol'aanaa gumaachuu ni danda'a jedhee haala biroon yoo murteesse malee, tartiibni iyyannoon itti keessummaa'u akkaataa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 5) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1-4 jalatti kan tumame jiraatuuyyuu, iyyanni hayyama gataa jajjaboo qabeenya bishaanii irratti miidhaa dhaqqabsiisuu danda'u bishaanitti yookiin qarqara bishaaniitti gatuu yookiin dhangalaasuu argachuuf dhiyaatu kamiyyuu fudhatama hin qabaatu.

- 5) ከ5 (አምስት) ዓመታት ወዲህ በውሸት ማስረጃ ወይም በአሳሳቾች ድርጊት ምክንያት የውሃ አጠቃቀም ፈቃድ ያልተሰረዘበት።
- 6) የዚህ አንቀጽ ተፈጻሚነት በሚወጣው ደንብ ይወሰናል።

10. የፈቃድ አሰጣጥ ሂደት

- 1) ውሃን ለመጠቀም ፈቃድ የሚፈለግ ሰው ማመልከቻውን ለቢሮው ማቅረብ ይችላል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 መሰረት የሚቀርበው ማመልከቻ የተሟላ መረጃ ሊኖረው ይገባል።
- 3) ቢሮው ፈቃድ ከመስጠቱ በፊት ፈቃድ የተጠየቀበት የውሃ አጠቃቀም፡-
 - (ሀ) ህይወት ባላቸውና ህይወት በሌላቸው ላይ ጉዳት የማያደርስ መሆኑን፤
 - (ለ) የሌላ ሰው በውሃው ላይ የመጠቀም መብትን የማይጎዳ መሆኑን ሊያረጋግጥ ይገባል።
- 4) ቢሮው ፈቃድ በሚሰጥበት ጊዜ፣ ማይክሮ እና አነስተኛ እንተርፕራይዝ ማኅበር ለማበረታታት ወይም የቀረበው የውሃ አጠቃቀም ዕቅድ ከፍተኛ የኢኮኖሚ ዕድገት አስተዋፅኦ ያበረክታል ተብሎ በሌላ ሁኔታ ካልወሰነ በቀር፣ ማመልከቻ የሚስተናገድበት ቀደም ተከተል በሚወጣው ደንብ መሠረት የሚወሰን ይሆናል።
- 5) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1-4 ስር የተደነገገው ቢኖርም፣ በውሃ ሃብት ላይ ጉዳት ሊያደርስ የሚችል ደረቅ ቆሻሻ በውሃ ውስጥ ወይም በውሃ ዳር ለመጣል ወይም ለማፍሰስ የሚቀርብ ማንኛውም የፈቃድ ማመልከቻ ተቀባይነት የለውም።

- 5) Whose water use license has not been revoked due to false evidence or misleading acts within the past 5 (Five) years.
- 6) The application of this Article shall be determined by the Regulation to be issued.

10. Licensing Process

- 1) A person who wants license to water use may submit an application to the Bureau.
- 2) An application submitted under Sub-Article 1 of this Article shall be accompanied by full evidence.
- 3) Prior to the issuance of the license on the water for which the use license is requested the Bureau shall ensure:
 - (a) It does not cause harm to living and non-living things;
 - (b) It does not harm water use right of another person.
- 4) The order in which application are entertained for issuing a license shall be determined by the Regulation to be issued unless the Bureau decides otherwise to encourage micro and small enterprise associations or the presented water use plan can contribute to higher economic growth.
- 5) Notwithstanding the provisions of Sub-Article 1-4 of this Article, any application for a license to dispose of or release solid waste into or near water that may cause harm to water resource shall not be accepted.

11. Qaama Dhimmi Ilaallatu Beeksisuu

- 1) Biirichi akkaataa Labsii kanaatiin iyyannoo hayyama ittifayyad-amaafi hojii ijaarsa bishaanii argachuuf dhiyaate erga galmeessee booda, lafa gaaffiin irratti dhiyaate daangaa, bal'inaafi teessoo itti argamu, akkasumas qabiyyee lafaa dhangala'iinsi bishaanii keessa darbuun bakka tajaajila itti dhaqqabu ibsuun barreeffamaan yookiin miidiyaa Naannichaatiin qaamni sadaffaan akka beeku ni taasisa.
- 2) Qaamni hayyama kennamu irratti mormii qabu kamiyyuu guyyaa beeksisni akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin beeksifame irraa eegalee guyyaa hojii 15 (kudha shan) keessatti sababa isaa waliin komii isaa Biirichaaf dhiyeessuu ni danda'a.
- 3) Biirichi komii dhiyaate irratti qaamolee dhimmi ilaallatu beeksisuun dhimmichi waliigalteen akka hiikamu ni taasisa.
- 4) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti tumameen gareen lamaan iyyata dhiyaate irratti waliigalteedhaan hiikuu kan hin danda'amne yoo ta'e, Biirichi iyyata dhiyaate ilaaluun guyyaa 15 (kudha shan) keessatti murtii ni kenna. Tarreeffamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

12. Mirga Dursaa Abbaa Qabiyyee Lafaafi Hawaasa Naannoo

- 1) Abbaan Qabiyyee lafaa dhuunfaa isaatiin qabiyyee isaa irratti bishaan tajaajila oomisha bishaaniif haala ooluu danda'uun hojjechuuf gaaffii yoo dhiyeesse humna maallaqaafi dandeettii kan qabu yoo ta'e dursa ni argata.

11. ለሚመለከተው አካል ስለማሳወቅ

- 1) ቢሮው በዚህ አዋጅ መሰረት የውሃ አጠቃቀም እና የውሃ ስራ ግንባታ ፈቃድ ለማግኘት የቀረበውን ማመልከቻ ከመዘገበ በኋላ፣ ጥያቄ የቀረበበት መራት ወሰን፣ ስፋት እና የሚገኝበት አድራሻ እንዲሁም የውሃ ፍሳሽ በውስጡ በማለፍ የአገልግሎት ቦታ የሚደርስበት የመራት ይዞታ በመግለጽ በጽሁፍ ወይም በክልሉ ሚዲያ ሶስተኛ ወገን እንዲያውቅ ያደርጋል።
- 2) በሚሰጠው ፍቃድ ላይ ተቃውሞ ያለው ማንኛውም አካል በዚህ አንቀጽ 30-ሰ አንቀጽ 1 መሠረት ማስታወቂያ ከተነገረ ቀን ጀምሮ በ15 (አሥራ አምስት) የሥራ ቀናት ውስጥ ቅሬታውን ከምክንያት ጋር ለቢሮው ማቅረብ ይችላል።
- 3) ቢሮው በቀረበው ቅሬታ ላይ የሚመለከታቸውን አካላት በማሳወቅ ጉዳዩ በስምምነት እንዲፈታ ያደርጋል።
- 4) በዚህ አንቀጽ 30-ሰ አንቀጽ 3 ስር በተደነገገው መሠረት ሁለቱ ወገኖች በቀረበው አቤቱታ ላይ በስምምነት መፍታት ያልተቻለ ከሆነ፣ ቢሮው የቀረበውን አቤቱታ በማየት በ15 (አሥራ አምስት) ቀናት ውስጥ ውሳኔ ይሰጣል። ዝርዝሩ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

12. የመራት ባለይዞታ እና የአካባቢ ማህበረሰብ ቅድሚያ መብት

- 1) የመራት ባለይዞታ በግሉ በይዞታው ላይ ውሃው ለውሃ ምርት አገልግሎት ሊውል በሚችልበት ሁኔታ ለመስራት ጥያቄ ካቀረበ የገንዘብ አቅም እና ችሎታ ካለው ቅድሚያ ያገኛል።

11. Notifying The Concerned Body

- 1) The Bureau after registered an application for water use and water work construction license pursuant to this Proclamation, shall notify the third party in writing or in the media of the Region stating the boundaries, size and address of the holding land in question.
- 2) Any party who has an objection to the grant of a license may submit his complaint to the Bureau with reasons within 15 (fifteen) working days from the date of notification in accordance with Sub-Article 1 of this Article.
- 3) The Bureau shall notify the relevant bodies on the complaint and make to resolve the matter by agreement.
- 4) where the two parties unable to resolve the application by agreement in accordance with Sub-Article 3 of this Article, the Bureau shall consider the application and make a decision within 15 (fifteen) days. Its particulars shall be determined by the Regulation to be issued.

12. Priority Rights of Land Holder and Local Communities

- 1) Where the landholder individually requests to conduct water production services on his own holding has the financial capacity and ability, shall get priority.

- 2) Abbaan qabiyyee lafaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin dhuunfaa isaatiin kan hin dandeenye yoo ta'e, namoota biroo waliin gurmaa'uun qabiyyee isaa irratti bishaan tajaajila oomisha bishaaniif haala ooluu danda'uun hojjechuuf gaaffii yoo dhiyeesse humna maallaqaafi dandeettii kan qaban yoo ta'e dursa ni argatu.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, abbaan qabiyyee dhuunfaan yookiin namoota biroo waliin gurmaa'uun tajaajila oomisha bishaanii gaggeessuu kan hin dandeenye yoo ta'e hawaasni naannoo waldaadhaan gurmaa'uun humnaafi dandeettii barbaachisu kan qaban yoo ta'e mirga abbaa qabiyyee haala hin sarbineen mirga dursaa ni qabaatu.
- 4) Raawwiin Keewwata kanaa Dam-bii bahuun kan murtaa'u ta'a.

13. Mirgaafi Dirqama Abbaa Hayyamaa

- 1) Namni hayyama ittifayyadama qabeenya bishaanii argate kamiyyuu mirgoota armaan gadii ni qabaata:
 - (a) Qabeenya bishaanii hayyama irratti argatetti fayyadamuu;
 - (b) Hayyama bishaanii kaayyoo daldalaaf kenname yoo ta'e bishaan gurgurtaaf dhiyeessuu;
 - (c) Ujummoowwan dhangala'iinsa bishaaniif oolan lafa jala awwaaluu yookiin bishaan tajaajila jallisii qonnaaf yookiin kan biroo oolu mirga abbaa qabiyyee yookiin abbaa qabeenyaa haala hin sarbineen qabiyyee lafaa nama biraa keessa dabarsuun bakka tajaajilaatti geessuu;
 - (d) Daangaa hayyamaa keessatti bu'uuralee misoomaa barbaachisoo ta'an diriirsuu;
 - (e) Ittifayyadama namoota birootti gufuu hanga hin taanetti, bu'uuraalee misoomaa duraan turanitti fayyadamuu;

- 2) የመሬት ባለይዞታ በዚህ አንቀጽ 30-ስ አንቀጽ 1 መሠረት በግሉ የማይችል ከሆነ፣ ከሌሎች ጋር በመደራጀት በይዞታው ላይ ውሃው ለውሃ ምርት አገልግሎት ሊውል በሚችል ሁኔታ ለመስራት ጥያቄ ካቀረበ የገንዘብ አቅም እና ችሎታ ካላቸው ቅድሚያ ያገኛሉ።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንኡስ አንቀጽ 1 እና 2 ስር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ የግል ባለይዞታው በግሉ ወይም ከሌሎች ለዎች ጋር በመደራጀት የውሃ ምርት አገልግሎት ማካሄድ የማይችል ከሆነ፣ የአካባቢው ማህበረሰብ በማህበር በመደራጀት የሚያስፈልገውን አቅምና ችሎታ ያላቸው ከሆነ የባለይዞታውን መብት በማይጎዳ ሁኔታ የቅድሚያ መብት ይኖራቸዋል።
- 4) የዚህ አንቀጽ አረጋግጫ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል።

13. የባለረቃድ መብት እና ግዴታ

- 1) የውሃ ሃብት አጠቃቀም ፈቃድ ያገኘ ማገኛውም ሰው የሚከተሉት መብቶች ይኖሩታል-
 - (ሀ) ፈቃድ ባገኘበት የውሃ ሀብት መጠቀም፣
 - (ለ) ለንግድ ዓላማ የተሰጠ የውኃ ፈቃድ ከሆነ ውሃን ለሽያጭ ማቅረብ፣
 - (ሐ) ለውሃ ፍሳሽ ማስወገጃ የሚውሉ ተቦዎችን ከመሬት በታች መቅበር ወይም ለመስኖ አገልግሎት ወይም ለሌላ የሚውል ውሃ የባለ ይዞታ መብት ወይም የባለንብረቱን መብት በማይጎዳ ሁኔታ በሌላ ሰው የመሬት ይዞታ ውስጥ በማሳለፍ የአገልግሎት ቦታ ማድረስ፣
